Oromo | Afaan Oromoo

Waxabajjii 2026

BIG HOUSING BUILD

# Odeessa North Richmond

Community




### Jiraatota Richmond bakka bishkileettoo dhaaban eegumsaa qabu

Jiraatota manneen Richmond ol dhedheeroo keessa jiraataniif bakka bishkileettoo itti fannifatan haaraan tolchamee jira.

### Sadarkaan haaressaa itti aanu kan bakka Richomond hojiin isaa itti fufa

Ijaarsa haaraa bakka North Richmond yeroo jalqabnu nageenya namoota hundaa eeguuf dalasaan ni jiaarama.

### Ijaarsi bakka Vere Street amma xumurame

Zooniin ijoollee mana barmootaaf itti buusanii fi irraa fuudhan eegumsaa qabu haaraan amma banaa dha.

Hooms Viktooriyaan namoota Aboorijiinaal fi Torres Strait Islander akka Eegdota Aadaa lafichaatti beekamtii kan kennu yoo ta'u, Maanguddoota isaanii, kan durii fi kan ammaa, beekamtii fi kabaja kenna.



## Wiirtuu Hawaasa North Richmond ilaali

Wiirtuun Hawaasa North Richmond bakka hawaasi itti simataman, gargaarsa qabatamaa, odeeffaannoo fi hariiroo gaariin jiraatota Araddaa North Richmond keessa jiraatan fi kanneen haaraa manneen mootummaa fi hawaasaa keessa qubatani tajaajila.

Wiirtuun kun kara tajaajila itti argatn, gargaarsa mootummaa, kan fayyaa fi nageenyaa, hawaasa walitti dhiheessuu fi hirmaannaa hawaasaa kara itti guddatu irratti gargaarsa kenna. Jiraatoti mata-mataatti hojjettoota Wiirtuu irraa argachuu fi sagantaa torban guutuu tola kennamu adda addaa irraa qooda fudhachuu danda'u.

Wanneen keessatti hirmaatamu hawaasa kan dabalu Kilinika Paramedikii, Afaan English hundaaf kan jedhu, Tajaajila Naga-buusa Giddu-galeessa Qajeelummaa Nebirhood, Gartuu Deemsa miilaa dhiirotaa (Men's Walking Group) Shubbisa Zumba fi Sagantaa Dhiheessii Gargaarsa Nyaataa Dhiheessii Hawaasaa (Community Food Relief Program).

Kanneen naannootti tajaajila kennan kan akka Services Australia, Tajaajila Seeraa Fitzroy fi dhaabbilee hawaasaa kaanis odeeffannoo fi gargaarsa kennuuf yero yerootti Wiirtuu sana ni do'atu.

Wixata (Monday) hanga Jimaataa, ganama sa'aa 10 hanga waaree booda sa'aa 4, yeroo kam illee **gara Wiirtuu kan bakka** 110 Elizabeth Street, North Richmond kottu.

Hundi ni simatamu.

## Wal-quba qabeenya qabaachuu


Sagantaalee odeeffannoo

Dubdeebii Gorsaa

Odeeffannoo haaraa argachuuf galmaa'aa

Hirmaannaa keessa turuuf daawwadhaa:

homes.vic.gov.au/richmond-precinct



qorqora hawaasotaa kan **Homes Victoria irratti nu hordofaa**

Abboomsaa fi maxxansaa Mootummaa Viiktooriyaa, 1 Treasury Place, Melbourne. © State of Victoria, Hooms Viiktooriyaa, Waxabajjii (June) 2026. (HV017726). Finsbury Green, Melbourne Victoria, 3000 tiin kan maxxanfame.

More Homes For Victorians

VICTORIA State Government

# Richmond keessa maaltu tahaa jira

## Waxabajjii 2026




**39 Highett Street**

**Hojiiwan**

- Manneen namni keessaa bahanii fi gorroo isaa kara alaa irraa qorannoof hangi xiqqaan ni fuudhama
- Manneen namooti keessaa bahan balballi ittisaa (security doors) itti tolchamu.

**Zoonii ijoollee mana barmootaa itti buusanii/irraa fuudhan nageenya qabu**

Zoonii haaraan bakka Vere Street amma banaa dha.

Haaressi ijaaramu karaa miilaan irra cehamu haaraa bal'ina qabu, bakka konkolaataa dhaaban fi ibsaa haaraa gahaa tahe fi akkasumas bakka teessumaa, lafa wal qixxeessamee jiru fi bakka bishkileettoo itti hidhatan.

**106, 108, 110 fi 112 Elizabeth Street**

**Fuulduratti irra deebiin misoomsuu**

**To'attuu qilleensaa dhaabuu**

**Bakka bishkileettoo itti fannisan**

- Manneen hunda jala isaatti bakki bishkileettoon itti fannisaman haaraan ni tolchamu. Akkamiin akka argattu irratti odeeffannoo caalu argachuuf eeggachuu itti fufi.

**Kireeffatoota gara manneen haarayaatti dabran qubachiisuu gargaaruu**

**Ganama sa'aa 10 - galgala sa'aa 4 Wixata (Monday) hanga Jimaataa**

Richmond Kaabaa
Wiirtuu Hawaasaa
110 Elizabeth Street

**Naannoo jireenyaa**

**Guutummaa gandichaa keessa tiki nageenyaa ni jira**

- Wanneen itti gargaaraman gara garaa haaraan manneen gandichaa hunda keessa jiraatotaaf ni jira. *Odeeffannoo caaluuf waraqaa manneen jalatti maxxansamanii jiran ilaali*

**Bakka xabiisa kubbaa utubaa (basketball) guddisuu**

- Ijaarsi sadarkaa isaa eeggatu irra wayyaawaa tahe ijaaramaa jira




**5 Lewis Court fi 161 Elizabeth Street**
Manneen gamtoomaa (social homes) fi bakka hawaasaa haaraya 144

**Bara 2025 xumuramee - jiraatoti amma itti godaananii jiru**

**Church Street, Elizabeth Street, Anderson fi Williams Court kan miilaan irra ol bahamu**

**Hojiiwan**

Dhuma Waxabajjii (June) irraa qabee hojiin eegaluuf waan jedhuu sochii gara garaa dabala naannicha keessatti agarta deebisanii ijaaruun itti aansu karaa irra ol bahamu mana namni keessaa bahe diiguu taha.

- Daangaa qe'ichaa marsee dalasaan itti ijaarama
- karaan gara mana poostaatti geessuu cufamee jira. Karaan gara Victoria Street geessu kara Lennox Street qofaa irraan taha
- Hojjetooti kan dhimma itti bahan bakkichatti ni tolchama
- Konkolaataan ijaarsaa baay'inaan ni mul'atu
- Yeroo akkasii karaan miilaa Elizabeth Street irraa deemamu kallattiin jijjiiramuu waan maluuf kara mallattoon kaayyame miilaan irra cehamu hordofi
- Bakki konkolaataan dhaabbattu kan Anderson fi Williams Court daangessu ni cufama




## Yeroo ijaarsi taasisamaa jiru keessa naannoo kee keessa nagaan jiraachuu

Nageenyaaf eeggannoo gochuuf jecha, waca sagalee, owwaara fi waan urgufamu ni to'anna.

**Noonnoo keessa deddeemuu**

- Osoo hojiin hin eegalin dalasaan (fence) ni tolchama
- Konkolaataa gudguddaan yoom akka dhufuu fi eessa akka dhaabbatu sitti himna
- Nageenyaan naannicha keessa deddeemuuf jijjiirama karaa miilaa yokin karaa irratti tahe hordofi
- Warreen konkolaataa to'atan yeroo isaan achi jiran si gargaaru waan taheef qajeelfama isaan sitti himan hordofi

**Waanneen dhimma itti baatu eeggannoodhaan qabuu**

- Wannee faalma qaban (hazardous materials) yeroo qulqulleessan yeroo hunda eeggannoo cimaatu taasisama
- Naannoo faalami (hazardous) jiru irraa si dhorkuuf yero hunda mallattoon naannicha ni kaayyama
- Namooti hojjetan uffatan ittisaa (protective clothing) uffatan arguu malta

**Karaa irra dabran tolchuu**

- Karaan tajaajil yeroo balaa (emergency services) yeroo hunda qophaawaa dha
- Bakka konkolaataa dhaaban mijjataan, bakka konkolaataan namoota dhibama qaamaa qaban dabalee yeroo hunda ni jira
- Karaa miilaa fi karaa irra ibsaan yeroo hunda ni jira

Hojiin keenya yeroo sa'aa hojii kan Gumii naannootiin (Council) gaggeeffama.

| Wixataa hanga Jimaataatti | Sanbat-duraa (Saturday) |
|---|---|
| Waaree dura sa'aatii 7 hanga Waaree booda sa'aatii 6 gidduutti | ganama sa'aa 9 hanga waaree booda sa'aa 3 |

Yeroo tokko tokko sa'aa ibsameen ala hojjechuuf hayyama gumii naannoo (council) barbaaduu mala, garuu yoo akkas tahe hawaasa ni beeksisna.

Hojiin hojjetamu hundi sadarkaa nageenya qabeessa ol aana tahe kan qabuu fi waan seerri gaafatu kan guutu taha.

Jiraatoti odeeffannoo dabalaa barbaadan waajjira manneenii naannoo isaanii qunnamuuf:

1300 598 521

richmond.housing@dffh.vic.gov.au

Afaan keessan dabalatee odeeffannoo dabalataaf marsaa itti aanu daaw'adhu: **homes.vic.gov.au/information-in-your-language**

Iyyata waliigalaaf imeel kanaa gadiitiin nu qunnami:

**enquiries@homes.vic.gov.au**